



Child Care and Early Learning Programs (Sagantaalee Kunuunsa Daa'immanii fi Barnoota Jalqabaa) Keessatti Dhukkuba Ittisuu: Cheekliistii Bulchitootaf

Akkataa Itti fayyadama Cheekliistiikanaa: Cheekliistin kun tarsiimota bulchitoonni sagantaa barnoota jalqabaa fi barsiisonni tamsa'ina dhukkubaa ittisuu fi to'achuuf itti fayyadamuu danda'an kenna. Sababa (**Maalif?**), akkasumas tarkaanfii gochaa (**Maal gochuun qaba?**) jedhu kan tarsiimoo tokkoon tokkoo isaanif fudhatamuu qabu tarreessa. Tarsiimonni hedduun meeshaalee deeggarsaa kan marsariitti keenya:

kingcounty.gov/childcare irratti argamuu danda'an akka fayyadaman yaada kenu.

Meeshaalee yeroo barbaaddanitti argachuudhaf liinkiiwwan armaan gadii irraa maxxansuun isin gargaaruu danda'a. Waa'ee dhukkubootaa fi akkaataa isaan itti babal'atan caalatti baruuf, maaloo odeeffannoo dabalataa dhuma cheekliistichaa irratti argamu ilaala.

Odeeffannoo Hojjetootaa fi Maatidhaaf Qoodaa

Kun Maalif barbaachisa? Odeeffannoo waliif qoodun osoo rakkoon hin uumamin dura yaadachiisa kenna, namoonni yoom gara manaatti deebi'uu ykn mana turuu akka qaban gargaara, akkasumas waa'ee seerotaa fi imammatawwanii taajjabbi akka hin uumamne ittisa.

Maal gochuun qaba?

- Imaammata dhukkuba sagantaa keessanii kanneen armaan gadii dabalatu hojjettootaa fi maatidhaaf qoodaa:
 - sababa dhukkubaatin daa'imni tokko yoom gara manaatti akka ergamu, yoom mana turuu akka qabu, akkasumas sagantichatti yoom deebi'uu akka danda'u.
 - hojjettoonni fi maatiin dhukkubaa fi mallattoolee sagantaa kunuunsa daa'immaniif gabaasuuf itti gaafatamummaa qabachuu.
 - daa'imman dhukkubsatan kunuunsa daa'immanii dhaquu fi dhiisuu isaanii irratti maatii osoo hin taane hojjettoonni murtoo dhumaan kan kennan ta'uu.
- Poostarii "[Mana Na Tursiisaa Yoo...](#)" jedhu qoodaa akkasumas maxxansaa (Hiikkaan isaa kingcounty.gov/childcare irratti "Disease prevention"(Ittisa dhukkubaa) jalatti argama.)
- Dhaabbileen kunuunsa daa'immanii daa'imman dhukkubsatan ykn hojjettoota namoota biroo irraa adda baasuu ykn mallattoolee akka ho'a qaamaa, hooqqisiisuu, albaasuu, ykn kan biroo [Washington Administrative Code\(Seera Bulchiinsa Waashingitan,WAC AC 110-300-0205\)](#) keessatti tarreeffaman yoo qabaatan, gara manaatti erguun akka isaan irraa eegamu maatii yaadachiisa.

- Mallattoolee waa'ee karaalee barbaachisoo tatamsa'ina jarmii hir'isuu danda'an hojjettootaa fi maatii barsisan maxxansaa. Fakkeenyoonni kanneen dabalatu:
 - Poostarii Mana Na Tursiisaa Yoo
 - Poostaroonni Harka Dhiganna Department of Health (DOH, Qajeelcha Fayyaa) (akkasumas afaan kanneeniin ni jira: Arabiffa, Beengaali, Afaan Kaamboodiya, Chaayiniffa, Afaan Hindii, Afaan Kooriyaa, Afaan Neepal, Afaan Raashiya, Ispaaniffa, Afaan Tarkii, Yuukireeniffa, fi Veetinaamiffa)
 - Poostarii qufaa fi haxxifanna haguuguu DOH irraa(akkasumas afaan: Ispeenin) ni jira

Talaalliiwan Jajjabeessaa

Kun Maalif barbaachisa? Talaallin yeroo isaa eeggate dhukkuboota lubbuu namaa balaa irra buusan fi kanneen beekamoo ta'an irraa madinummaa (eegumsa) kennuudhan gargaara. Akkasumas dhukkuboota yeroo ammaa Ameerikaa keessatti darbanii darbanii mul'atan baay'inaan akka hin mul'anneef ittisa.

Maal gochuun qaba?

- Odeeffannoo waa'ee talaalliiwan kunuunsa daa'immanii fi barnoota sadarkaa duraaf barbaachisan maatidhaaf qoodaa.
- Sagantaa ykn hawaasa keessatti dhukkubni talaallii ittifamuu danda'u yoo mudatellee, tarreeffama daa'immanii fi hojjettoota talaallii irraa bilisa ta'anii qabadhaa.
 - **Meeshaan Talaallii Yeroo Daa'imummaa** dhiyeessitoota kunuunsa daa'immanii fi barnoota jalqabaa Waashigitan keessatti argaman deeggaruuf barreefame. Meeshaan kun afaan Ingiliffa, Chaayinaa, Raashiya, Somaalee, IspeenYukireenii, fi Veetinaam ni jira. Kanneen dabalata:
 - Odeeffannoo waa'ee talaalliiwanii fi dhukkuboota isaan ittisan
 - Odeeffannoo waa'ee kunuunsa daa'immanii fi ulaagaalee talaallii mana barumsaa
 - Deebii saamudaa yaaddoowwan waliigalaa waa'ee talaallii ilaachisee
 - Maatilee talaallii shakkan waliin wal qunnamuuf gorsa barbaachisoo

Dhukkubaaf Dursaa Karoorsaa

Kun Maalif barbaachisa? Sagantaa keessan keessatti namni tokko yoo dhukkubsate, namoonni biroon akka hin dhukkubsanne, tarkaanfiiwan akkamii fudhachuu akka qabdan ni beektu.

Maal gochuun qaba?

- Adeemsa guyyaa guyyaan daa'immanii fi hojjettoota dhukkubsatan adda baasuu fi gara manaatti erguuf tajaajilu diriirsaa. Wantoota ilaalamuu qaban:

- Barsiisonni guyaa guyaan dhukkubsatoota sakatta'uu isaanii (akka WAC) yoom raawwatu?
 - Daa'imni yoo dhukkubsate, maatin dhufanii akka fudhataniif , warra kaan irraa adda bahee eessa tursiifama?
 - Yeroo maatiin isaan fudhachuuf dhufan eenyutu daa'ima eega?
- Dhukkubni hojjettootaa fi reeshiyoo irratti dhiibbaa yoo geessise karoora baasaa.
- Galmee Dhukkubaa [maxxanfame kan](#) haftee fi mallattoolee garee fi daree adda addaa gidduutti mul'atu hordofuuf gargaaru qabaadhaa. (Hiikkaan [kingcounty.gov/childcare](#) irratti "Disease prevention" (Ittisa dhukkubaa) jalatti argama.)

Yeroo Dhibeen Mudatu

Yeroo tokko tokko, tarkaanfiwwan ittisaa utuma fudhattanii jirtanuu, sagantaa keessan keessatti dhukkubni mudachuuf jira. Yeroo dhibeen kun mudatu, tarkaanfiwwan daran akka hin babal'anneef gargaaran muraasni kunooti.

- Daa'immanii fi hojjettoota dhukkubsatan gara manaatti ergaa.
- Galmee Dhukkubaa [kan](#) mallattoolee gareewan fi dareewan adda addaa gidduutti mul'atan hordofuuf gargaaru guutaa. (Hiikkaan [kingcounty.gov/childcare](#) irratti "Disease Prevention" (Ittisa dhukkubaa) jalatti argama.)
- Daree keessatti saaxilamummaan **dhukkuba kamiyyuu** yeroo mudate, barreeffamaan (karaa imeelii, galagalcha maxxansaa maatiif kennameen, galagalcha maxxansaa daree keessatti maxxanfameen) maatii beeksisaa. Kanneen dabalata:
 - [dhukkubsattoota dhibeewan Tarreeffama Dhibeewan Beekamoo](#) irra jiran keessaa tokkoon akka qabaman shakkaman ykn mirkanaa'anii **fi**
 - dhukkuba daddarbaa ogeessa fayyaatin adda baafame kamiyyuu.
 - Xalayaawan dhibeewan daddarboo beekamoo kunuunsa daa'immaniif barbaachisan [kingcounty.gov/childcare](#) irratti "Disease prevention" (Ittisa dhukkubaa) jalatti argamu.)
- Dhukkuba [Tarreeffama Dhibeewan Beekamoo](#) irra jiru shakkame ykn mirkanaa'e kamiyyuu, akkaataa seera isteetin barbaadamuun abbaa taayitaa fayyaa naannoo keessaniitti gabaasaa.
 - Kunuuni daa'immanii fi barnoonni dursaa WAC sagantaalee **dhimoota vaarikeellaa (gifiraa) fi dhukkuboota talaalliin ittifamuu danda'an biroo** akka barbaachisummaa isaatti abbaa taayitaa fayyaa naannoo isaaniitti akka gabaasan gaafatu.
 - Sagantaan kunuunsa daa'immanii King County keessatti argaman kutaa Communicable Disease, Epidemiology, and Immunization (Dhukkuba

Daddarboo, Ipidimoloojii fi Talaallii, CD/E) Fayyaa Hawaasaa – Syaatilii fi King County (PHSKC) 206-296-4774 irratti bilbiloon gabaasuu ni danda'a. Akka kunuunsituu daa'immanitti of ibsaa.

□ Gorsaa narsii kunuunsa daa'immanii mariisisa:

- Yoo lakkoofsi daa'immanii fi/ykn hoijettootaa hin baratamne (fkn, daa'imman sagantaa tokko keessa jiran 10% ol, ykn daa'imman umurii kurnanii keessa jiran irra caalaan isaanii) dhukkubsatanii fi dhukkubni sun Tarree Haalawwan Beekamoo keessattillee hin ibsamne ykn hanga ammaatti ogeessa eegumsa fayyaatiin hin mirkanoofne ta'e.
- Kun dirqama miti, garuu isin deeggaruuf as jirra.
- Child Care Health Program (Sagantaa Kunuunsa Fayyaa Daa'immanii) qunnamuuf, imeelii CCHP.Support@kingcounty.gov fayyadamaa.

Odeeffannoo dabalataa waa'ee dhukkubootaa fi akkaataa isaan itti babal'atan

Dhukkuboota daddarboo – dhukkuboota nama tokko irraa gara nama biraatti daddarban yoo ta'an – wantoonni kun sadan yoo jiraatan qofaa daddarbuu danda'u: jarmii, nama carraan jarmii kana qabamuu danda'uu ykn yoo jarmii qaama isaanii keessatti argame dhukkubsachuu danda'u, akkasumas karaa ittin jarmii gara nama biraatti ce'u. Sagantaan kunuunsa daa'immanii fi barnoota jalqabaa qaamolee sadan kan qabu yoo ta'u, cheekliistin kun garuu tooftaalee xiqqeessuu danda'an dhiyeessuuf kan akeekedha.

Jarmoonni cheekliistii keessatti ibsaman vaayirasii, baakteeriyyaa, fangasii, ykn maxxantoota dhukkuba fiduu danda'aniidha.

Sababonni **namni tokko jarmiidhaf caalatti saaxilamuu danda'u baay'eedha**. Kunuunsa daa'immanii keessatti daa'imman walitti dhihoo waan ta'aniif meeshaalee afaan isaanii keessa galchuufis carraan isaanii guddaadha, kunis lamaan isaanii iyyuu jarmiin qaama isaanii keessa akka seenu taasisa. Harka dhiqachuu dhiisun (ykn akka gaariitti dhiqachuu dhiisun) jarmiin qaama namaa keessa akka seenan taasisa. Madaan banaa ykn madaan hin haguugamne jarmii qaama namaa keessa akka seenu waan taasisuuf balaa qaba.

Jarmiin nama tokko irraa gara qaama nama bira keessa yommuu seenu **daddarbiinsa** jedhama. Kunuunsa daa'immanii keessatti gosoota daddarbiinsaa gurguddoo sadii kan jiran yoo ta'u, isaanis:

- **Daddarbiinsa cophaa** – Kunis kan uumamu namni vaayirasii sirna hargansuu ykn infeekshinii baakteeriyyaa tokko tokko qabu yeroo qufa'u, haxxiffatu, tufu ykn cophaa dhangala'aa hidhii irraa gara qilleensaatti, fuula irratti ykn kallattiin membireenii mukoos ija, hidhii ykn afaan keessatti argamutti gad lakkisu kan uumamudha. Cophni sirna hargansuu kun vaayirasii ykn baakteeriyyaa kan qaban yoo ta'u, yeroo baay'ee garuu guddaa fi ulfaatoo waan ta'aniif faana 3 hanga 6 caalaa hin deeman. Namni bira jarmii kana qaama isaa keessatti fudhachuu kan danda'u yoo cophni sun kallattiin gara membireenii mukoosii (ija, hidhii ykn afaan isaanii) seene, ykn meeshaa copha sana ofirraa qabu yoo tuquudhaan ija, funyaanii fi afaan isaanii yoo tuqanidha. Fakkeenyonni dhukkuboota karaa cophatiin daddarbanii:
 - *Bordetella peertaseesii baakteriyem* (qakkee) (talaallii Diphtheria, Tetanus, and Pertussis (Dtap, Difteeriyyaa, Tiitaanosii fi Peertaseesii) ykn Tetanus, Diphtheria and Pertussis (Tdap, Tiitaanosii, Difteeriyyaa fi Peertaseesii) tiin ittisuun ni danda'ama)
 - Vaayirasii infuleenzaa (talaallii infuleenzaatiin ittisuun ni danda'ama)
 - Vaayirasii sirna hargansuu (RSV)
 - Vaayirasii COVID-19 (talaallii coronavirus disease-19(dhukkuba koronaa-19, COVID-19) tiin cimina isaa hir'isuun ni danda'ama)
 - Dhukkuba harkaa, miilaa fi afaanii (HFMD)
 - Noroovaayirasii

- Vaayirasii maangurroo – (talaallii Measles, Mumps, and Rubella (MMR, Gifira, Maangurroo fi Cittoo) tiin ittisuun ni danda'ama)
- **Daddarbiinsa Qilleensa** – Kunis kan uumamu yeroo namni vaayirasii ykn baakteeriya qabu tokko hafuura baafatuu, haasa'u, sirbu, qufa'u, ykn haxxiffatuu fi paartikiloota xixxiqqoo vaayirasii qilleensatti gadi lakkisudha. Paartikiloonni kun baay'ee xiqqaa fi salphaa waan ta'aniiq qilleensa keessa sa'aatii dheeraaf turuu danda'u. Namni biraan jarmii kana gara qaama isaa keessatti fudhachuu kan danda'u, paartikiloota xixxiqqaa qilleensa keessaa jiraniin yommuu harganuudha.
 - Fakkeenyonni dhukkuboota karaa qilleensaatiin daddarbanii:
 - Maayikiroobaakteriyem tuberkloosis baakteriyem(dhukkuba daranyoo sombaa)
 - Vaayirasii Ruubeelaa (gifira) - (talaallii Measles, Mumps, and Rubella (MMR , Gifira, Maangurroo fi Cittoo) tiin ittisuun ni danda'ama)
 - Vaayirasii SARS-CoV-2 (talaallii coronavirus disease-19 (dhukkuba koronaa-19, COVID-19) tiin cimina isaa hir'isuun ni danda'ama)
 - Vaayirasii Vaarikellaa-zooster (gifira) (talaallii varicella-zoster virus (varicella , vaayirasii-vaarikellaa zooster) tiin ittisuun ni danda'ama)
- **Daddarbiinsa tuttuqaa** - Kunis kan uumamu yeroo fangasiin, baakteeriyaan, vaayirasiin ykn paraasitiin nama tokko irraa dhufu qaama nama bira keessa seenudha. Kunis karaa lama uumamu danda'a.
 - **Kallattiin** – Namni tokko dhangala'aa ofii isaa kan jarmii of keessaa qabu yoo tuqe, (fakkeenyaaaf, dhangala'aa gifiraa ykn shiffeeimpetigo), sana booda nama bira yoo tuqe, jarmiin isaa karaa gogaa, citaa hin haguugamneen, madaatiin qaama nama bira keessa seenuu danda'a. Tuttuqqiin kallattiin karaa maxxantuu akka injiraanii ykn Geergootiin daddarbuu kan danda'u, yoo namoonni lama yeroo dheeraaf gogaa- gogaa waliin ykn mataa-mataa waliin wal tuttuquun jarmiin nama tokko irraa gara nama biraatti akka darbu yeroo taasisanidha.
 - **Al-kallattiin** – Vaayirasiin, baakteeriyaan, ykn fangasiin tokko harka, fuula, ykn meeshaa irra yeroo qubatu, kunis **faalama** jedhama. Namni bira harka, meeshaa, ykn qaama faalame yoo tuqe, harka isaa yoo hin dhiqanne (ykn harka isaa akka gaariitti yoo hin dhiqanne), akkasumas afaan, ija, ykn hidhii ofii isaa tuqee, ykn qaawwaa banaa gogaa isaa citee jiru yoo tuqe, jarmiwwan qaama isaanii keessa seenudhaan dhukkubaaf saaxiluu danda'u.
 - **Daddarbiinsa Manca'aa- Afaanii-** Kun fakkeenyaa addaa daddarbiinsa al-kallattiiti. Daddarbiinsa manca'aa-afaaniiin kan uumamu baakteeriyaan ykn vaayirasiin sagaraa nama tokkoo keessa jiru afaan keessa seenee nama biraatiin yoo liqimfamuudha. Kunis kan ta'u namni dhukkuba jarmii sagaraa keessa jiraatu of keessaa qabu tokko erga mana fincaanii

fayyadamee booda jarmii sana balleessuuf harka isaa akka gaariitti utuu hin dhiqatiin, jarmii sana gara meeshaalee ykn nyaataatti yeroo dabarsudha. Namni biraam immoo nyaata jarmii of keessaa qabu nyaachuun, yookiin meeshaa jarmii ofirraa qabu tuquudhaan, harka utuu hin dhiqatiin, afaan keessa kaa'uudhaan dhukkubsachuu danda'a.

- Fakkeenyonni dhukkuboota karaa tuttuqqaa kallattiin daddarbanii:
 - Infeekshinii Impetigo fi MRSA baakteeriya Istaafilookookii fi Istireeptookookii irraa dhufu
 - Dhukkuba harkaa, miilaa fi afaanii (HFMD)
 - Noroovaayirasii
 - Vaayirasii SARS-CoV-2 (COVID-19) (talaalliin ittisu ni jira)
 - Vaayirasii Vaarikellaa-zooster (gifira) (talaallii varicella-zoster virus (varicella, vaayirasii-vaarikellaa zooster) tiin ittisuun ni danda'ama)
 - Rotaavaayirasii (ittisuuf talaalliin ni jira)

Dhukkuboonti tokko tokko karaa adda addaatiin daddarbu (fakkeenyaaaf COVID-19 cophaan, qilleensaa fi tuttuqaadhaan daddarbuu danda'a). Dhukkuba qilleensaan daddarbuu danda'uuf tooftaa tokko qofa kan akka lafa qulqulleessuu fayyadamuu, jarmii kana ofirraa ittisuuf gahaa ta'uu dhiisuu danda'a. Jarmiiwan haala bu'a qabeessa ta'een hir'isuuf, tamsa'ina jarmii ittisuuf, akkasumas dhukkuba ittisuuf tooftaalee adda addaa fayyadamuu barbaachisaadha.

Malli Tarkaanfii 3 Akkamitti Dhukkuba Ittisuuf Gargaara?

1. **Qulqulleessuu** – Qulqulleessuun saamunaa, bishaanii fi sukkumuudhaan kan rawwatamuudha. Tarkaanfiin kun xurii qaama irraa kan balleessu yoo ta'u, gosoota jarmii dhukkuba fiduudhaan miidhaa geessisan balleessuu danda'a.
2. **Miiccuu** – tarkanfii jalqabaa irratti saamunaan irratti hafeera taanan Saanitayizerii fi farra ilbisootaan miiccuun hin hojjetu. Saanitayizerii fi farri ilbisootaa hojji isaanii akka hojjetaniif fiilmuin saamunaa bishaan qulqulluudhaan dhiqamuu qaba.
3. **Saanitayizerii fayyadamuu** – Kaayyoon inni guddaan tamsa'ina jarmii ittisuu ta'us, akkasumas keemikaalli cimaan qaama daa'imman xixiqqoo guddachaa jiru keessa akka seenu hin barbaannu. Hammi keemikalaa saanitaayizaroota keessa jiru meeshaalee afaan daa'imaan keessa kaa'amuu danda'an (xuuxxoo fi meeshaalee taphaa daa'immanii) ykn meeshaalee nyaanni tuquu danda'u (kan akka saayinii fi meeshaalee nyaataa) irratti fayyadamuu akka nageenya qabutti fudhatama.
Saanitaayizaroonni erga qulqulleessanii booda baay'ina jarmii qaama irratti hafan waan hir'isuuf, baay'inni jarmii infekshinii babal'isuu fi dhukkuba fiduu danda'anii ni xiqqata.

Ykn

3. **Baakteeriya qulqulleessuu** - Jarmoonni tokko tokko kan sagaraa, dhiigaa fi dhangala'oo qaama biroo keessa keessa jiraatan dhibee hamaa ykn dhukkuba fiduu danda'u. Galmiisaas jarmiiwwan kana ajjeesuudha malee, hir'isuu qofa miti. **Farri ilbisootaa jarmii erga qulqulla'ee booda fuula irratti kan hafe** waan ajjeesuuf, bakka jarmiiwwan dhukkuba hamaa fidan jiraachuu danda'an irratti (mana fincaanii fi bakka daayipeeriin jirutti) fayyada. Dhangala'aa qaamaa, dhiiga ykn wantoota daddarboo ta'uu danda'an biroo (OPIM) qulqulleessuufis ni fayyada.

Wabiwwan

American Academy of Pediatrics. Managing Infectious Diseases in Child Care and Schools, 6th Edition

Centers for Disease Control and Prevention. Website.
<https://www.cdc.gov/infectioncontrol/spread/index.html>

National Resource Center for Health and Safety in Child Care and Early Learning. Website. <https://nrckids.org/CFOC/TOC>